# Namni akka wuduu’a kiyyaa kana godhatee eegasii osoo ofitti hin dubbatin raka’aa lama salaate Rabbiin dilii isaa irraa kan dabre isaaf ni araarama

Humraan bilsoomfamaa Usmaan bin Affaan argee akka himetti: Usmaan bin Affaan bishaan wuduu'aa waammatee, meeshaa isaa irraa harka isaa lamaan irratti dhangalaasee, yeroo sadii isaan lamaan dhiqate, egasii harka mirgaa bishaan keessa galchee, egasii lulluuqqatee funyaanitti ol fudhatee gad deebise, eegasii fuula isaa yeroo sadii dhiqate, harka isaa lameenis ciqilee waliin yeroo sadii dhiqate, egasii mataa isaa haxaawwate, egasii hunda luka isaa yeroo sadii dhiqatee, egasii akkana jedhe: Nabiyyii - Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- wuduu'a akka an itti raawwachaa ture kanatti raawwatanii, itti aansuun akkana jedhanin arge: “Namni akka wuduu’a kiyyaa kana godhatee eegasii osoo ofitti hin dubbatin raka’aa lama salaate Rabbiin dilii isaa irraa kan dabre isaaf ni araarama".

[Sahih/Authentic.] [Al-Bukhari and Muslim]

Ūsmaan Rabbiin irraa haa jaalatuu akkaataa wuduu'a Nabiyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- gochaan; akka tolchee namaa ifutti ibse. Bishaan meeshaa keessa jiru akka fidaniif barbaadee, egasii harka isaa lamaan irratti yeroo sadii dhangalaase, sana booda harka isaa mirgaa meeshicha keessa galchee bishaan kessaa fudhatee afaan keessa naqatee baase, egasii bishaan hafuura isaatin garaa keessoo funyaanitti harkise, egasii gad baasee facaase, egasii fuula iaa yeroo sadii dhiqate, egasii harka isaa lameen ciqilee waliin yeroo sadii dhiqate, egasii yeroo tokko haraka isaa rifeensa isaatirra ofee bishaanin jiise, egasii luka isaa kiyyoo lamaan waliin yeroo sadii dhiqe. Yeruma wuduu'a godhatee raawwate -Rabbiin irraa haa jaalatu- inni akka Nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- fakkaataa wuduu'a kanaa godhatan arge isaanitti hime, akkasumas Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jechuun akka isaan gammachiisan isaanitti hime: namni fakkaataa wuduu'a isaanii kana wadda'atee raka'aa lama qalbii khushuu'a fi sodaa Rabbii qabuun salaate Rabbiin wuduu'a guutuu fi salaata qulqulluu kana irratti yakkoota isaa irraa waan dabre isaaf araaramuun isa mindeessa.